IslamHouse.com

AFAAN OROMO
أورومو

أحكام المسلمات

# BARNOOTA DUBARTII MUSLIMAA

Qophessaan
Shekh Jamaal Shekh Muhammad
(Abbaa Faaximah)

# أحكام المسلمات

تأليف
الداعية: جمال محمد أحمد

OROMO
OROMOO
أورومو

ⓒ **جمعية الدعوة والإرشاد و توعية الجاليات بالربوة، ١٤٤٢هـ`**

**فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر**

أحمد، جمال محمد

أحكام المسلمات – اللغة الأورومية. / جمال محمد أحمد.- الرياض، ١٤٤٢هـ

٤٤ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : **٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٩-٧٠-٢**

١- الزواج (فقه اسلامي)　　٢- الزفاف　　أ. العنوان

**ديوي ٢١٩,١　　١٤٤٢/٨٦٣٥**

**رقم الايداع: ١٤٤٢/٨٦٣٥**

**ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٣٢٩-٧٠-٢**


مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com


This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.



☎ +966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

@ osoul@rabwah.sa

www.osoulcenter.com

بسم الله الرحمن الرحيم

Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim



# BAAFATA


| | | |
|---|---|---|
| 1 | Duree | 9 |
| 2 | Seenaa Dubartoota Beekamoo | 11 |
| 3 | Seera Xahaaraa (Dhiiga Dubartii) | 19 |
| 4 | Seera Uffata Hijaabaa | 25 |
| 5 | Seera Bultii Ijaaruu (Haadha Manaa) Tahuu | 27 |
| 6 | Seera Hiikkaa (Xalaaqa) Fii Iddaah | 29 |
| 7 | Seera Gadda (Azaa Baachuu) | 31 |
| 8 | Seera Adda Addaa | 35 |
| 9 | Haadha Muimintootaa Warren Nabii Keenya ﷺ | 37 |
| 10 | Dhumarratti | 41 |



# DUREE

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله وعلى آله وصحبه.

Diin Islaamaa keysatti dubartoonni iddoo guddaa qaban. Akkasuma diin kun diin mirga ilma namaa kabaju. mirga dubartiitis seera biyya kamiyyu caalaa kabajee jira. Kabajaa isaaniitiif hijaabatti (hagooggitti) isaan ajaje. Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ قُل لِّأَزۡوَٰجِكَ وَبَنَاتِكَ وَنِسَآءِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ يُدۡنِينَ عَلَيۡهِنَّ مِن جَلَـٰبِيبِهِنَّۚ ذَٰلِكَ أَدۡنَىٰٓ أَن يُعۡرَفۡنَ فَلَا يُؤۡذَيۡنَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورٗا رَّحِيمٗا﴾ [الأحزاب: ٥٩]

***"Ati yaa ergamaa kiyya jaartiiwwan teetiin jedhi, dubbarran teetiinis, dubartoota muslimaatiinis, sheedara isaanii gad hagooggadhaa jedhiin. Santu dhihoodha beekkaamuufi miidhamuu dhabutti. Rabbiin araaramaa tola oolaa tahee jira"*** ahzaab 59.

Diin islaamaa Kanaaf kanneen biraa waayee isaan laalchisu keysatti barnoota gayaa lafa kayee jira. Kitaabni kun barnoota dubartootaa guutuu ufkeessaa qaba. muslimtoonni hundi akka dubbiftanii, barattanii, ittihojjattan isin afeerra.

Akkasuma yeroo hedduu obboleeytiiwwan teenya kabajamtuu tan diin barachuufii hojjachuuf ciminaan sosso’an garra. Karaa marsaalee hawaasaa soshal midiyaa tiin keessaawuu karaa gareewwan waatisappitiin dubartoonni barnoota diin barachaa jiran hedduudha. Kuni jabaatamee itti haafufuu jenna. Alhamdu lillaah kun hedduu nugammachiise. Kanarraa kaanee nutis waan tokko barnoota isaan laalchisurra qopheeysuu yaanne. Akka karaa salphatti hubataniif jennee afaan keenya (afaan oromoo) tiin qopheysuu filanne. yeroo, humnaafii, qabeenyas gumaachinee, kunoo Rabbitti gargaarsifannee kitaaba kana qopheysine.

Obboleytii teenya hundaa tan bartee itti hojjattee irraa fayyadamtu Rabbi haa taasisu. Nus warra Rabbiin irraa jaalate nu haa godhu.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**F/B: Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461 KSA Riyadh**

# SEENAA DUBARTOOTA BEEKAMOO

Akkuma beekamu Ummata keenya kanaafii ummata dur keysattis dubartoonni sadarkaa guddaa qaban islaamni seenaa isaanii dubbatu hedduutu jiran. San keessaa kanneen itti aanan kuni nijiru.

## 01 Haadha Nabi muusaa ﷺ

tan muusaa yeroo deyse adawwii ilmaan biyya sanii fixxu jalaa baasuuf Rabbiin sanduuqa kaayii bahratti darbi jedheen, tole jetteeti darbite. Rabbiin akkuma waadaa isii seenetti ajjeechaa jalaa nagaya baasee booda isiif deebise. Ilmi isii muusaan ganda mootichaatti (fir'oownaatti) qananiee akka guddatu godhe. Boodas nabiyyi isa godhe. Rabbiin zaalima (fir'oowna) san buqqaasee muusaa dhaalchise. Rabbiin waayee kanaa yogguu Qur'aantti dubbatu akkana jedhe.

﴿وَأَوْحَيْنَآ إِلَىٰٓ أُمِّ مُوسَىٰٓ أَنْ أَرْضِعِيهِ ۖ فَإِذَا خِفْتِ عَلَيْهِ فَأَلْقِيهِ فِى ٱلْيَمِّ وَلَا تَخَافِى وَلَا تَحْزَنِىٓ ۖ إِنَّا رَآدُّوهُ إِلَيْكِ وَجَاعِلُوهُ مِنَ ٱلْمُرْسَلِينَ﴾ [القصص: ٧]

***"Haadha muusaatti beysisa goone isa harma hoosisi yogguu isarratti sodaatte bahratti darbi hinsodaatin hinyaaddawin nuti isa gama kee deebisoodha, ergamtootarraa isa taasisoodhasi."*** Suuraa qasas aayaa 7.

## 02 Aasiya jaartii firoownaa,

tan towhidarratti lubbuu isii wareegama kafalte. kan mootichi zaalimtichi fir'owna qaama qullaa shikaalaan harkaa miila lafatti dhawee gocha suukanneessa irratti raawwatee ajjeese, quraana suuraa tahriim aayata11tti seenaan isii ibsee jira.

﴿وَضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلًا لِّلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱمۡرَأَتَ فِرۡعَوۡنَ إِذۡ قَالَتۡ رَبِّ ٱبۡنِ لِي عِندَكَ بَيۡتًا فِي ٱلۡجَنَّةِ وَنَجِّنِي مِن فِرۡعَوۡنَ وَعَمَلِهِۦ وَنَجِّنِي مِنَ ٱلۡقَوۡمِ ٱلظَّٰلِمِينَ﴾ [التحريم: ١١]

***"Rabbiin warra amananiif jaartii fir'oownaati fakkii godhe, yogguu isiin jette -yaa Rabbii kiyya sibiratti jannata keessatti mana naaf ijaari. Fir'oownaafii hojii isaa jalaa nagaya na baasi, orma roorriftootarraa nagaya nabaasi."*** Suuraa tahriim 11.

عن أبي موسى الأشعريِّ ﵁ قال: قالَ رسولُ اللَّهِ ﷺ: «كَمَلَ منَ الرِّجال كثيرٌ، ولم يَكْمُلْ منَ النِّساءِ إلاَّ مريمُ بنتُ عِمرانَ، وآسِيةُ امرأةُ فِرعونَ، وفضْلُ عائشةَ على النِّساءِ كفَضْلِ الثَّرِيدِ على سائرِ الطعامِ». رواه البخاري.

"Abbaa muusaa irraa odeeffamee nabiyyiin ﷺ akkana jedhan jedhe. "dhiirarraa nama hedduutu hayyuu tahe, dubartirraa

maryam intala imraaniifii aasiyaa jaartii fir'oownaa malee hin hayyoomne (hinguutamne). Ammo sadarkaan aaishaan dubartii biraarra caaltuun kan akka fitfitoon nyaata biro caaltuuti." Bukhaarii.

## 03 Maashixaa joollee fir'oownatiif rifeensa filtu.

Tan hadiisa kessati dhufte.

وردت قصة ماشطة ابنة فرعون كما يلي:

عَن ابْنِ عَبَّاس ﷺ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّه ﷺ: «لَمَّا كَانَتِ اللَّيْلَةُ الَّتِي أُسْرِيَ بِي فِيهَا، أَتَتْ عَلَيَّ رَائِحَةٌ طَيِّبَةٌ، فَقُلْتُ: يَا جِبْرِيلُ، مَا هَذِهِ الرَّائِحَةُ الطَّيِّبَةُ؟ فَقَالَ: هَذِهِ رَائِحَةُ مَاشِطَةِ ابْنَةِ فِرْعَوْنَ وَأَوْلادِهَا، قَالَ: قُلْتُ: وَمَا شَأْنُهَا؟ قَالَ: بَيْنَا هِيَ تُمَشِّطُ ابْنَةَ فِرْعَوْنَ ذَاتَ يَوْمٍ، إِذْ سَقَطَتِ الْمِدْرَى مِنْ يَدَيْهَا، فَقَالَتْ: بِسْمِ اللَّه، فَقَالَتْ لَهَا ابْنَةُ فِرْعَوْنَ: أَبِي؟ قَالَتْ: لا، وَلَكِنْ رَبِّي وَرَبُّ أَبِيكِ اللَّهُ، قَالَتْ: أُخْبِرُهُ بِذَلِكَ! قَالَتْ: نَعَمْ، فَأَخْبَرَتْهُ، فَدَعَاهَا فَقَالَ: يَا فُلانَةُ؛ وَإِنَّ لَكِ رَبًّا غَيْرِي؟ قَالَتْ: نَعَمْ؛ رَبِّي وَرَبُّكَ اللَّهُ، فَأَمَرَ بِبَقَرَةٍ مِنْ نُحَاسٍ فَأُحْمِيَتْ، ثُمَّ أَمَرَ بِهَا أَنْ تُلْقَى هِيَ وَأَوْلادُهَا فِيهَا، قَالَتْ لَهُ: إِنَّ لِي إِلَيْكَ حَاجَةً، قَالَ: وَمَا حَاجَتُكِ؟ قَالَتْ: أُحِبُّ أَنْ تَجْمَعَ عِظَامِي وَعِظَامَ وَلَدِي فِي ثَوْبٍ وَاحِدٍ وَتَدْفِنَنَا، قَالَ: ذَلِكَ لَكِ عَلَيْنَا مِنَ الْحَقِّ، قَالَ: فَأَمَرَ بِأَوْلادِهَا فَأُلْقُوا بَيْنَ يَدَيْهَا وَاحِدًا وَاحِدًا إِلَى أَنِ انْتَهَى ذَلِكَ إِلَى صَبِيٍّ لَهَا مُرْضَعٍ، وَكَأَنَّهَا تَقَاعَسَتْ مِنْ أَجْلِهِ، قَالَ: يَا أُمَّهْ؛ اقْتَحِمِي فَإِنَّ عَذَابَ الدُّنْيَا أَهْوَنُ مِنْ عَذَابِ الآخِرَةِ، فَاقْتَحَمَتْ».

قَالَ ابْنُ عَبَّاسٍ ﷺ: تَكَلَّمَ أَرْبَعَةٌ صِغَارٌ: عِيسَى ابْنُ مَرْيَمَ ﷺ، وَصَاحِبُ جُرَيْجٍ، وَشَاهِدُ يُوسُفَ، وَابْنُ مَاشِطَةِ ابْنَةِ فِرْعَوْنَ.

Seenaan namtittii intala fir'oownaatiif rifeensa filtuu Maashixah. Hadiisa Abdallaah ibn abbaas -Rabbiin

isarraa haajaalatuu- odeeyse kheessatti akka armaan gadii khanatti dubbatame:

Nabiyyiin ﷺ akkana jedha "halkan israa'aa San foolee urgooytuu takkaatu natti dhufe, "yaa jibriil, maali fooleen urgooftuun tun?" Jedhee gaafannaan "tuni foolee maashixaa namtittii intala fir'oownaatiif rifeensa filuu turteeti" jedhe "dhimmi isii maali?" Jennaan," guyyaa tokko osoo intala fir'oownaatiif rifeensa tolchituu, filtuun harkaa buunaan "bismillaah" (maqaa allaahaatiin) jette. intalti fir'oownaa dhageesseeti "abbaa khiyya moo?" Jetteen maashixaanis " lakkii rabbii kiyyaa fi ka abbaa keetii ALLAAH" jetteen.

"Abbaa kiyyatti si himuu?" Jennaan "ee" jetteen Ni himte. fir'awn yaameeti

"Ana malee Rabbii biraa qabdaa?" Jedhee gaafate "Ee, Rabbii kiyyaa fi kee ALLAAH" jetteen Okkotee sibiilaa guddoo fidanii danfisanii «isii fi ilmaan isiitis itti darbaa" jedhe fir'awn "Haajaa takka Naaf guuti" jetteen "Haajaan tee maali?" Ja'ee gaafate.

"Lafee tiyyaa fi lafee ilmaan khiyyaa wayaa takkatti wlitti nuqabii nu awwaali" jetteen

"Sun haqa kheeti siif goona." jedheenii

Ilmaan isiitti ajajee isii dura tokko tokkoon okkoteetti darbamanii hanga dabareen kan irra xiqqa isa harma

hodhu gaheetti. Isiin isarratti if dadhabnaan «yaa ummii jabaadhu ibidda aakhiraatirra kha addunyaatu laafaadhaa" jennaan itti seente.

Ibnu abbaas Rabbi irraa haa jaalatuu akkana ja'e

Daa'ima afurtu dubbate

1. Iisaa ilma maryam nageenyi irratti haa jiraatuu.
2. Daa'ima jureyjiif ragaa bahe
3. Daa'ima nabi yuusufiif ragaa bahe fi
4. Ilma maashixaati"

Maashixaa-kuwaafeera jechuu afaan ammaatti

israa'a - halkan deemuu jechuudha akka afaan arabaatti; halkan israa'a khan nabiyyiin ﷺ samitti olbahanii Rabbi bira dhaqan sani.

## 04 Jaartii imraan (haadha maryam)

akkoo Nabi iisaa, tan ilmoo garaa qabdu (maryam) osoo hindayin rabbif qodhaa gootee diiniif kennite, yogguu deyses masgida geysite kennite. Kanas qur'aanni Akkatti ibse.

﴿ إِذْ قَالَتِ ٱمْرَأَتُ عِمْرَٰنَ رَبِّ إِنِّى نَذَرْتُ لَكَ مَا فِى بَطْنِى مُحَرَّرًا فَتَقَبَّلْ مِنِّىٓ ۖ إِنَّكَ أَنتَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْعَلِيمُ ﴾ [آل عمران – ٣٥]

***"(yaadachiisi) yeroo jaartiin imraan jette -yaa Rabbii kiyya ani waan garaa kiyya keessaa kana qodhaa siif***

***godhe, qulqulleesse narraa qeebali atii kadhageessu ka beeytu taatee jirta”*** suuraa aala imraan aayata 35.

## 05 Mariyam (hadha nabi iissaa)

Isiin tan osoo isii dubraa kana dhiirti isii hin qunnamin rabbiin dandeettii isaatiin nabi iisaa akka deessu ajajee, deesse. Kanas qur’aanni suuraa tahriim aayata 12 tti Suuraa maryamiifii kan biroottis bal’inaan dubbatee jira.

Egaa jarreen kun warreen diin keessatti sadarkaa guddoo qabaachuudhaan qur’aanni seenaa isaanii faaruun dubbatu kessaayi. Akka ummata keenyaattis yoo tahe  kanneen itti aanan kun hangafoota.

## 06 Khadiija r.a. Haadha muimintootaa

Warra nabii kenyaa hangaftittii tan lubbuu isiitiifii qabeenya isiitis nabiif gumachitee diin kana wajji gad dhaabde.

عن عبدالله بن عباس ﷺ قال: قال رسول الله ﷺ: «أفضل نساء أهل الجنة: خديجة بنت خويلد، وفاطمة بنت محمد، ومريم بنت عمران، وآسية بنت مزاحم امرأة فرعون». رواه أحمد وصححه الألباني.

Abdullah ibnu abbaas r.a. Nabiyyiin ﷺ akkana jedhe “irra caaltuun dubartii warra jannataa khadiija bnti khuweylid, faaximaa binti Muhammad, Maryam binti imraan, Aasiyaa binti mazaahim niitii fir’ownaa.” Ahmad odeesse, albaaniin sahiiha godhe.

## 07 Aaishaa r.a. haadha mu'imintootaa.

warra nabii tan hadiisoowwan kumoota hedduu ummata barsiisuun beekamtu.

عائشة كانتْ أحبَّ أزواج رسول الله ﷺ إليه، كما ثبَت عنه ذلك في البخاريِّ وغيره، وقد سُئِل: أيُّ الناس أحبُّ إليك؟ قال: «عائشة». قيل: فمِن الرِّجال؟ قال: «أبوها».

Aaishaan nabiyyii keenyaaf irra jaalatamtuu dubartoota isaati. Nabiin nama keessaa kamtu sibiratti irra jaalatamaadha? Jechuun gaafatamee "Aa'ishaadha" jedhe, dhiirarraa hoo kam irra jaalatta? Jennaaniin "abbaa isiiti" jedhe. Bukhaariitu odeesse.

## 08 Faaximah r.a.Intala Nabii keenyaa ﷺ

Faaximaa binti nabii keenyaa r.a. haadha manaa Aliyyi bin abii xaalib. haadha hasaniifii huseen. Sadarkaa guddoo qabdi. Hadiisni itti aanu kuni sadarkaa faaximaa ibsa.

عَنْ عَائِشَةَ رضي الله عنها قَالَتْ: أَقْبَلَتْ فَاطِمَةُ تَمْشِي كَأَنَّ مِشْيَتَهَا مَشْيُ النَّبِيِّ ﷺ فَقَالَ النَّبِيُّ ﷺ: «مَرْحَبًا بِابْنَتِي». ثُمَّ أَجْلَسَهَا عَنْ يَمِينِهِ أَوْ عَنْ شِمَالِهِ ثُمَّ أَسَرَّ إِلَيْهَا حَدِيثًا فَبَكَتْ فَقُلْتُ لَهَا: لِمَ تَبْكِينَ؟ ثُمَّ أَسَرَّ إِلَيْهَا حَدِيثًا فَضَحِكَتْ. فَقُلْتُ: مَا رَأَيْتُ كَالْيَوْمِ فَرَحًا أَقْرَبَ مِنْ حُزْنٍ. فَسَأَلْتُهَا عَمَّا قَالَ فَقَالَتْ: مَا كُنْتُ لأُفْشِيَ سِرَّ رَسُولِ اللَّهِ ﷺ. حَتَّى قُبِضَ النَّبِيُّ ﷺ فَسَأَلْتُهَا فَقَالَتْ: أَسَرَّ إِلَيَّ إِنَّ جِبْرِيلَ كَانَ يُعَارِضُنِي الْقُرْآنَ كُلَّ سَنَةٍ مَرَّةً وَإِنَّهُ عَارَضَنِي الْعَامَ مَرَّتَيْنِ وَلا أُرَاهُ إِلا حَضَرَ أَجَلِي. وَإِنَّكِ أَوَّلُ أَهْلِ بَيْتِي لَحَاقًا بِي. فَبَكَيْتُ. فَقَالَ: «أَمَا تَرْضَيْنَ أَنْ تَكُونِي سَيِّدَةَ نِسَاءِ أَهْلِ الْجَنَّةِ أَوْ نِسَاءِ الْمُؤْمِنِينَ» فَضَحِكْتُ لِذَلِكَ. رواه البخاري (المناقب/٣٣٥٣).

Aaisharra odeeffame akkana jette “ guyyaa tokko faaximaan deemaa nutti dhufte deemsi isii deemsa nabiiti fakkaata. Nabiin intala tiyya baga nagayaan dhufte jedhee simatee mirga yookaa bitaa isaa teessise. Eegasii dubbii wahii hasaasee itti himee booche, eegasii dubbii biraa hasaasee itti himee kofalte. Maalif booche jedheen gaafadhe. Icitii ergamaa Rabbii hinfacaasu jette. Eegasii eega nabiin du’e itti deebi’ee gaafadhe. Wanni abbaan kiyya iccititti naan jedhe “ jibriil wagga waggaan qur’aana yoggu takka narra fida ture baranammoo yoggu lama narra fide, kuni umrii kiyya dhumuu nagarsiisa, ati ammo maatii kiyya keessaa du’aan kan dura natti dhufu sihi” jennaan booye. Eegasii “ati caaltuu dubartii jannataa tahuu hinjaalattuu yookaa caaltuu dubartii mu’iminaa tahuu hinjaalattuu naan jedhe”, nin kofle jette. Bukhaariitu galmeesse.

Yaa dubartoota muslimaa! isinis warra seenaa diin galmeysu Rabbi isinhaagodhu.

Eegaa Akkuma uumaan namaa dhiiraafii dubartii waldhabdutti, amantiin teenya waan isaan laalchisu hundaa keysatti dubartootaafis seera gayaa keeysee jirti. Tanaaf mata-dureewwan asiigadii kana filannee barnoota isaa bal’inaan isinii dhiheysina.

# SEERA XAHAARAA (DHIIGA DUBARTII)

Waayee dhiigaa.

Dhiigni dubartitti dhufu sadihitti qoodama, sunis.

**A.** Heydii (daraaraa baatii).
**B.** Istihaadah (dhiiga dhukkubaa) fii.
**C.** Nifaas (dhiiga dayuumsaa, ulmaa) ti. isaan sadeenuu seera mataa isaanii dandaye qaban.

عَنْ عَائِشَةَ ﵂ أَنَّ فَاطِمَةَ بِنْتَ أَبِي حُبَيْشٍ سَأَلَتِ النَّبِيَّ ﷺ فَقَالَتْ: إِنِّي أُسْتَحَاضُ فَلا أَطْهُرُ، أَفَأَدَعُ الصَّلاةَ ؟ قَالَ: «لا، إِنَّ ذَلِكَ عِرْقٌ، وَلَكِنْ دَعِي الصَّلاةَ قَدْرَ الأَيَّامِ الَّتِي كُنْتِ تَحِيضِينَ فِيهَا، ثُمَّ اغْتَسِلِي وَصَلِّي». وَفِي رِوَايَةٍ: «وَلَيْسَتْ بِالْحَيْضَةِ، فَإِذَا أَقْبَلَتْ الْحَيْضَةُ: فَاتْرُكِي الصَّلاةَ فِيهَا، فَإِذَا ذَهَبَ قَدْرُهَا فَاغْسِلِي عَنْكِ الدَّمَ وَصَلِّي».

Aa'ishaa irraa odeeffamee

“Faaximaa binti Abii Hubaysh Nabiyyii ﷺ gaafatte: ‘Ani istihaadaa natti jira hin qulqullaa'u; kanaafuu salaata nan dhiisaaree?’ jette. “Hin dhiiftu, sun ujummoo dhiigaa (dhoohee dha). Garuu hanga guyyaa ishee keessa hayidii

godhattuu saalaata dhiisii dhiqadhuutii salaati" jedhaniin. Gabaasa biraatiin immoo "Isheen haydii miti; yeroo haydiin sitti deebi'e salaata dhiisi. Yeroo hangi ishee deeme immoo of irraa dhiiga dhiiqadhuu salaati."

### 01 Irra jarjaraan

heydii umrii waggaa 9tti eegala.

### 02 Irra hedduu dubartootaa

umrii waggaa14-15tti jalqaba.

### 03 Yeroon

dhaabbatiinsa (citiinsa) isaa  umrii waggaa 45-60 tti taha.

### 04 Yeroon

heydiin isirra turu.

gadi aanaan saa'aa 24. jiddu galeessi guyyaa 6-7 yoo tahu irra dheeraan guyyaa 15.

### 05 Yeroon

qulqullinaa heydii lameen jidduu.

gadi aanaan guyyaa 15, jiddu galeeysi guyyaa 23-24 yoo tahu irra  dheeraan guyya 29.

### 06 Dhiiyni

guyyaa 15 ol yoo ture heydii osoo hitaane istihaadaa tti laalama.

## 07 Dhiiyni

intala ulfaa (garaa qabdu) itti dhufu gosti hundinuu kandhukkubaati.

## 08 Intalti

dhiiyni dhukkubaa itti jiru salaatuun isirratti waajiba (dirqama). Garuu tokko tokkoo salaataa irratti wuduu'aa godhachuu isii barbaachisa.

## 09 Dubartiin

takka hajjiifii umraa yookaan soomana guuttachuuf qoricha yeroof heydii irraa dhaabu fudhachuu nidandeessi. yoo kan rakkoo fayyaa isitti hin finne tahe.

## 10 Intalti

heydiin isirraa dhaabbachuu jiini adiin itti dhufuudhaan yookaan qaamni isii goggoguun beeyti.

## 11 Dhiiyni

guyyaalee dur itti baramee dursee takki booda aanee dhufuu waan guyyaa 15 san hin dabriniin heydiidhatti laalama.

## 12 Yeroo

heydiidha tiifii nifaasii wanni dhowwame.

1. salaata,
2. soomana,

3. xawaafa,
4. qaraatii qur'anaa,
5. kitaaba qur'aanaa tuquu,
6. masgiida keysa taaúu,
7. walqunnamtii saalaa godhuu,
8. nikaaha hiikamuu dha.

yeroo istihaadaa garuu hin dhoowwamu.

## 13 Dubartiin

takka yoo osoo aduun hin seenin heydi fii nifaasirraa qulqulloyte zuhriif asrii guyyaa sanii salaatuu qabdi.

yoo osoo hin fajarin (hinbari'in) qulqulloyte maghriibaa fii ishaa'ii halkan sanii salaatuu qabdi.

## 14 Dubartiin yeroo heydii

fii nifaasirraa qulqulloyte soomana malee salaata (Kan lakk 13 ibsame malee) salaatoowwan hedduu kaan qadaa hin kafaltu.

## 15 Intalti

takka yoo yeeroon salaataa isii qulqulluu itti geysee boodaan salaata jettee osoo teysuu heydiin yookaan nifaasiin itti dhufte salaata san qadaa hin kafaltu.

## 16 Dubartiin

yeroo heydiifii nifaasirraa qulqullooytee dhiqattu rifeensa

mataa isii hiikkachuu qabdi. dhiqannaa janaabdaatiif ammoo hin hiikkattu.

## 17 Intalti

istihaadaan itti jiru nisoomantisi nisalaattis garuu salaata hundaaf wuduu'a godhachuu qabdi.

## 18 Intalti

Yoo ulfi guyyaa 80 duratti irraa bahe diigni sun dhiiga istihaadatti laalama.

Yoo guyyaa 90 booda tahe nifasii taha. 80 fii 90 jiddutti ammoo yoo wanni garaa bahe sun fakkii namaa qabatte dhiigni sun nifaasiiti laalama. yoo karoora namaa hin qabaatin istihaadaa itti murteyfama.

# SEERA UFFATA HIJAABAA

## 01 Hagooggii

(hijaaba) uffachuun dirqama, hijaaba guutuu jeechuun jalaabiibaafii niqaaba fuulaa, ammas abaayaa guutuu qaamaatti uffachuu jechuudha. Hijaaba namni uffate sawaaba guddaa argata, kan dhiise ammoo qixaaxa guddaatu isa eeggata.kanarratti Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ قُل لِّأَزۡوَٰجِكَ وَبَنَاتِكَ وَنِسَآءِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ يُدۡنِينَ عَلَيۡهِنَّ مِن جَلَٰبِيبِهِنَّۚ ذَٰلِكَ أَدۡنَىٰٓ أَن يُعۡرَفۡنَ فَلَا يُؤۡذَيۡنَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورٗا رَّحِيمٗا﴾ [الأحزاب: ٥٩]

***“Ati yaa ergamaa kiyya jaartiiwwan teetiin jedhi, dubbarran teetiinis, dubartoota muslimaatiinis, sheedara isaanii gad hagooggadhaa jedhiin. Santu dhihoodha beekkaamuufi miidhamuu dhabutti. Rabbiin araaramaa tola oolaa tahee jira”*** suuraa ahzaab 59.

**Uffanni hijaabaa ulaagaalee asiigadii kana guutachuu qaba.**

**A.** kan qaama isii hunda hagoogu tahuu.
**B.** bal’aa qaamatti hin maxxanne tahuu.
**C.** Furdaa keysaan qaamni hinmulanne tahuu.

**D.** Kan uffata dubartii kaafiraa hin fakkaanne tahuu.
**E.** Kan uffata dhiiraa hin fakkaanne tahuu.
**F.** Kan shittoo hin dibamin tahuu.
**G.** Kan suuraa lubbu-qabeeyyii qabu tahuu dhabuu.

## 02 Dubaartiin

muslimaa mana isii keysatti tottolfattee miidhaguufii faaya adda-adda morma harka gurraafii quba isiitti uffachuu ni dandeessi. kuni inumaa abbaa mana isii biratti akkaan barbaachisaadha. Shittoo,hinnaa, kuulii, fii kkf godhattee bareeduu qabdi.

Garuu asirratti waanni dhoowwame nijira. Sankeysaa warreen abaarame kanneeni.

**A. Rifeensa guduunfuu** tan rifeensa isii kan biroo itt guduunfitee dheereyfattuu fii tan dheereysituuf.
**B. Nyaara haaduu** nyaara ijaa tan haaddatuu fii tan haadduuf.
**C. Tumaa tumatuu** tan irgoo ilkee fi bakka birootis tumattuu fii ta tumtuuf.
**D. Kaarruu baafachuu** tan ilkee kaarruu tolfattuu fii tan tolchituuf. Kkf hundinuu abaaramanii jiran. Dilii gurguddoodha, irraa fagaachuu barbaachisa.

# SEERA BULTII IJAARUU (HAADHA MANAA) TAHUU

## 01 Intalti heerumtee

haqa jaarsaa Tan akkaa isa jaalachuu, kabajuu, ajaja isaa godhuu, yeroo inni isitti haajamee yaame tole jettee dhaquu fii kkf. guutuun dirqama.

## 02 Akkasuma

gurbaan fuudhes haqa haadha mana isaa guutuu qaba, sunis mahrii isii guutee kennuufii, masruufa baasii isii kennuufii, mana jireenyaa qopheessuufii, uffata gayaa uffisuu, jaalachuu, kabajaa godhuu fii kkf sirritti guutuun dirqama isaati.



# SEERA HIIKKAA (XALAAQA) FII IDDAAH

## 01 Rakkoo

mul’attuu malee akkanumatti hiikkaa gaafachuun dhoowwaadh,diliidha.

## 02 Dubaartiin

hiikamtee osoo 2ffaa hin heerumne iddaa lakkaawwachuu (kophaa turuu) n dirqama.

kunis gosa dubartiitiin waldhaba.

A. taheydiin itti dhuftu yoo taate hanga yeeroo sadi itti deddeebitutti.
B. tan joollummaaf yookaan guddinaaf heydiin itti hindhufne yoo taate baatii sadih,
C. tan ulfa garaa qabdu yoo taate hanga deysutti, iddaa lakkaawwachuu.

﴿ وَٱلْمُطَلَّقَٰتُ يَتَرَبَّصْنَ بِأَنفُسِهِنَّ ثَلَٰثَةَ قُرُوٓءٍ ﴾ [البقرة: ٢٢٨]

Dubartoonni hiikaman xurii laguu sadi ofii isaaniitiif eeguu qabu.

﴿ وَٱلَّٰٓـِٔي يَئِسۡنَ مِنَ ٱلۡمَحِيضِ مِن نِّسَآئِكُمۡ إِنِ ٱرۡتَبۡتُمۡ فَعِدَّتُهُنَّ ثَلَٰثَةُ أَشۡهُرٖ وَٱلَّٰٓـِٔي لَمۡ يَحِضۡنَۚ وَأُوْلَٰتُ ٱلۡأَحۡمَالِ أَجَلُهُنَّ أَن يَضَعۡنَ حَمۡلَهُنَّۚ وَمَن يَتَّقِ ٱللَّهَ يَجۡعَل لَّهُۥ مِنۡ أَمۡرِهِۦ يُسۡرٗا ﴾

[الطلاق: ٤]

Dubartoota keessan irraa isaan xurii laguu (haydii) irraa abdii kutan yoo shakkitaniif iddaan isaanii ji’a sadi qofa. Isaan haydii arguu hin jalqabinis (akkasuma). Warri ulfa ta’an immoo baallamni isaanii ulfa isaanii da’uudha. Nama Rabbiin sodaatu (Rabbiin) dhimma isaa irraa laafina isaaf godha.

# SEERA GADDA (AZAA BAACHUU)

## 01 nama

du’e iyyanii booyaa faarsuun badii guddoo abarsatti nama geysitudha. irraa fagaachuutu fii waldhoowwuu barbaachisa.

## 02 Akkasuma

yeroo namni du’e booyaa uf abaaruu, uffata (mormoo) dhoosuun, rifeensa mataa haaddachuun akka kuffaaraatti gurraacha uffachuun hundinuu dhowwaadha abaarsa rabbiittifii nabiyyiitti nama geeysa.

## 03 Dubartiin

jaarsi irraa du’e iddaan isii (yeroon osoo hin heerumne turtu) baatii 4 fii guyyaa 10 taha. Ta ulfa garaa qabdu yootaate garuu hanguma deysutti xumurama, dheeratuu gabaabbatuu.

﴿وَالَّذِينَ يُتَوَفَّوْنَ مِنكُمْ وَيَذَرُونَ أَزْوَاجًا يَتَرَبَّصْنَ بِأَنفُسِهِنَّ أَرْبَعَةَ أَشْهُرٍ وَعَشْرًا ۖ فَإِذَا بَلَغْنَ
أَجَلَهُنَّ فَلَا جُنَاحَ عَلَيْكُمْ فِيمَا فَعَلْنَ فِي أَنفُسِهِنَّ بِالْمَعْرُوفِ ۗ وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرٌ﴾

[البقرة: ٢٣٤]

***Isin irraas isaan du'anii niitii of duubatti dhiisan, isaan (niitiiwwan kun) ji'oota afurii fi guyyaa kudhan turuu qabu. Yeroo beellama isaanii guuttatan, waan isaan karaa gaariin (heerumuuf) of qopheessan keessa badiin isin irra hin jiru. Rabbiin waan isin hojjattan beekaa dha***. (Baqaraa:234)

immoo dubartiin dhirsi irraa du'e, yoo ulfa hin taaneef ji'a afurii fi guyyaa kudhan iddaa lakkaawwachuu akka qabdu nuuf ibsa.

## 04 Dubartiin

abbaan manaa irraa du'e yeroo iddaa kana keysatti ihdaada gadduu (azaa baachuu,) isii barbaachisa. Kana jechuun tottolfachuu waan akka shittoo, hinnaa, kuulii fii kkf irraa fagaachuudha.

عَنْ أُمِّ عَطِيَّةَ رضي الله عنها: أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ ﷺ قَالَ: «لا تُحِدُّ امْرَأَةٌ عَلَى الْمَيِّتِ فَوْقَ ثَلاث، إلا عَلَى زَوْج: أَرْبَعَةَ أَشْهُر وَعَشْراً، وَلا تَلْبَسُ ثَوْباً مَصْبُوغاً إلاَّ ثَوْبَ عَصْبٍ. وَلا تَكْتَحِلُ. وَلا تَمَسُّ طِيباً، إلاَّ إذَا طَهُرَتْ: نُبْذَةً مِنْ قُسْطٍ أَوْ أَظْفَارٍ».

Ummi Axiyyaa irraa odeeffamee رضي الله عنها ni jette: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "dubartiin tokko du'aa kam irrattuu guyyaa sadihii ol hin gadditu; garuu yoo dhirsa ta'e ji'a afurii fi guyyaa kudhan." Uffata buuloon gales yoo Asabii (uffata yamanitti dhahamu kan odoo hin dhahamin buuleffamu ta'e malee hin uffattu). Hin kuullattu; shittoos ta'ee waan

tokkoyyuu hin kuullattu. Garuu yeroo dhiiga haydii irraa qulqulloofte qabarichoo yookiin shiittoo wahii (naannoo qaama saalaa isheetti) dibachuu dandeessi.

## 05 Yeroo

gaddaa kana manuma jirtu san keeysa turuu qabdi. manarraa bahuun dhowwaadha yoo rakkina jabaaf taate malee.

## 06 Jaarsa

isii malee du'a nama biroorratti guyyaa sadi caalaa gadduun dhoowwaadhaa.osoo ilmoo yookaa abbaa isii taatellee.



# SEERA ADDA ADDAA

## 01 Intalti

takka fira isii (Rahima) kan dhiiraatiin wajji malee karaa amna deemuun dhowwaadha. Rahima yommuu jennu nama isiin irraa hin hijaabbanne jechuudha. Jaarsa isiitiifi fira isii kan isii fudhuun dhowwaadhaati jechuudha.

Isaanis kanneen kana:

1. jaarsa isii.
2. Abbaa isii.
3. Abbaa jaarsa isii.
4. ilma isii.
5. ilma jaarsa isii kan jaartii biro.
6. obboleessa isii.
7. ilma obboleessa isii.
8. adeera (abbeeraa, wasiila) isii.
9. eeysuma isii.
10. obboleysa harma tokko wajji hodhan.

## 02 Dubartiin

takka nama dhiiraa ka alagaa (ajnabiyyii) wajji kophaa (khalwaa) bahuun dhowwaadha.

## 03 Dhiiraa

dubartiin alagaa gurguddoon walitti makamanii walkeysa tattaa’uun bakka takkattillee hin hayyamamu.

# HAADHA MUIMINTOOTAA WARREN NABII KEENYA ﷺ

senaa haawwan mu’mintootaa

(warreen nabii keenyaa ﷺ).

Warreen nabii keeenyaa heddumminni isaanii kudha tokko yootahu isaanis Kunoo kanneeni

## 01 khadiijaa binti khuweylid:

Warra isaa tahangafaati. isaa umrii wag 25 isi wagggaa 40 walfuudhan. ilmaan isaa 6n ibraahiim malee hafan isiitu daye. yeroo dura nabiin ergamu hedduu isa gargaarte. Ammas dura nama isatti amaneeti, osoo isiin jirtuu isii malee hin fuune. Sadarkaa isiirraa jibriil nabii keenyan akkana jedhe ‹’salaamtaa rabirraafi narraa isirratti qara’i, mana jannataatiin isii gammachiisi”. jedheen. Guyyaa 10/9/3ffaa hijraa dura makkatti duute. hajuun bakka jedhamtutti awwaalamte.

## 02 Sawdah zam’ah-

Ramadaanuuma wag3ffa hijraa dura, san keysa duá

kadiijaa booda guyyaa muraasa tti fuudhe. Dirhama 4000 mahrii godheef. Duuti isii baatii shawwaal hj54 tti.

## 03 Aa'ishaa Abiibakri.

Nabiyyummarraa waggaa4tti dhalatte. irra jaalatamtuu warreen isaati, isii qofa dubra fuudhee.Isii umrii waggaa6ti hijraa dura waggaa 2tti fuudhe, garuu hijraa booda jiá 8ti isii umrii waggaa9 arusa seene. Duuti isii guyyaa arbiáa 17/9/58. Janaazaa isii abuu hureyraa irratti salaachise baqiiítti awwaalamte

## 04 Hafsaa Umar ibnul khaxxaab,

Ergamuu naniitiin dura waggaa 5tti dhalatte.

Baatii shaibaanaa hijraa booda baatii30ffatti nabiin isii fuudhe. Duuti isii baatii sha'ibaanaa waggaa45tti.

## 05 Zeynab binti kuzeymah-

Nabiin ﷺ isii fuudhuun Ramadaana bara hijraa sadaffaadha. Dirhama dhibba afur mahrii isiif godhe. Gaala qalee walimaa godhe. Zeynab san booda umriin waa hedduu hinturre. Ji'a Rabii'ul aakhir waggaa hijraa afraffatti umrii waggaa soddomatti du'aan boqatte. Bultii nabii keessa ji'uma saddeet turte. Nabiin ﷺ irratti salaatee qabroota baqii'itti awwaale.

## 06 Hindi Binti umayyaa

(ummu salamah) Nabiin isii kan fuudhe ji'a shawwaal

waggaa afraffaa hijraati. Duuti isii ji'a shawwaal waggaa jahaatamii lammaffaa hijraati.

## 07 Juweyriyyaah binti haaris

Lola mureysii'itti booji'amte. qooda saabit ibnu qeysittaate. ziqaya uqiyaa 9tti kitaabaa isii goonaan nabiin irraa kafalee fuudhe. hijra 6ffaa isii umrii waggaa 20 nabitti heerumte. duuti isii ji'a rabiiul awwal waggaa shantamii jahaffaa hijraati.

## 08 Zeynab binti Jahshii

(ummul hakam) Fuuni isii ji'a zulhijjaa guyyaa tokkoo bara afraffaa hijraati.duuti isii waggaa digdammaffaa hijraati ,dubartoota isaa keysaa isa boodaan tan dura duute isiidha.

## 09 Ummu habiibaa

binti abiisufyaan. Najjashiitu mahrii diinaara 400 itti godhe nabiin fuusise, ergeef, fuuni isii ji'a rajaba waggaa torbaffaa hijraati. Duuti isii waggaa 44ffaa hjraati.

## 10 Safiyyaa binti huyayyii

Booji'amtoota kheybarirraayi, nabiin bilisoomsuu isiiti mahrii godheefii fuudhe, yoggus umriin isii waggaa kudha torba. Duuti isii ji'a ramadaanaa hijraa waggaa shantammaffatti.. Baqii'itti awwaalamte.

## 11 Maymuuna binti alhaaris

Fuuni isii 10/7 hjr, sarif bakka jedhamtutti duute 51hjr.

Eegaa warreen nabii keenyaa haawwan mu'imintootaa kudha tokkoon kana yoo tahan kanneen jiruu isaatti duan lamaadha. isaanis kadhiijaa binti khuweylid fii zeynab binti khuzeymaati. Kanneen hafan saglan dhiisee irraa du'e. hunda isaanii Rabbi irraa haajaalatu.

https://islamqa.info/ar/47072

# DHUMARRATTI

Warra diin isaa baratee walbarsiisee sirritti itti dalagee jaalala Rabbii argatu nuufii isinis Rabbi nuhaa godhu. ibaadaalee hunda Rabbi nurraa haa qeebalu.

Yoo yadaa fi gaafii qabaattan

والحمد لله رب العالمين، وصلى الله وسلم على نبينا محمد وآله وصحبه أجمعين.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

Guidetolslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com


المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# BARNOOTA DUBARTII MUSLIMAA

kitaabni kun barnoota dubartii muslimaa kan akkaa waayee xahaaraa, dhiiga baatii fi dayuumsaa, barnoota hijaabaa (hagooggii) fi kkf uf kessaa qaba.




IslamHouse.com
Osoul Center
www.osoulcenter.com